# سُورَةُ التِّين
# Suuraa Tiin

قبل كل شئ هذه هي سورة التين

*Dura dursoo suuran tun{suuratuttiin} je'amti .

وهى سورة مكيه

*Isiin suuraa makkaati .

وآياتها ثمان ٨

*Aayaanni isi`ii saddeeti

وعددها خمس وتسعون ٩٥

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii shani .

نزلت بعد سورة البروج

*Isiin eega {suuratulburuujii} buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni ,dubbi'ii, maqaa rabbii rahgmata qabuutii.

وَالتِّينِ وَالزَّيْتُونِ ﴿١﴾

1}*Muka lamaan kan firiin isaa nyaadhamtu , kan {tiin} je'amuufii kan {zeytuun} je'amuun khakhadhee

وَطُورِ سِينِينَ ﴿٢﴾

2}*Ammallee gaara {xuur} je`amuun khakhadhee {xuur} jechuun : gaara barakaa qabu ,kan ,Rabbiin ,isarratti nabi muusaa dubbisee, {siiniina}jechuun: kan barakaa qabu, takkaa bareedaa, muka miidhaanii baasu jechu`uu.

وَهَٰذَا الْبَلَدِ الْأَمِينِ ﴿٣﴾

3}*Ammallee biyya nagayaa tanaan siif khakhakhee,bitti nagayaa makkaa tan , namni isii ,keessatti,nagaya argatu ,duuba waan dabre san hundaan sii khakhadhee.

لَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنسَانَ فِي أَحْسَنِ تَقْوِيمٍ ﴿٤﴾

4}* Dhugumaan ilma namaa suuraa gaari`iin uumne,akkaataa guutuu qajeela'arratti Qaama, isaa ,guunnee , kan , argee ,dhagayu , kan ,dalagaa hunda ,guutee dalaguu dandayu , humnaafii , aylille`een.

ثُمَّ رَدَدْنَاهُ أَسْفَلَ سَافِلِينَ ﴿٥﴾

5}*ammoo eega sanii bakka duraan gayerraa gad isa deebifnee jalee goone eega dardarumma'aan waa hunda guutee dalaguu ture ,dulloomsinee waan duraan dalagu dadhabee eega fayyaadhatii dhukkubsatee ,eega waa, beekhee wallaalee dalagaan ,guutee dalagu duraa ir`attee, salaanni duraan heddommeysu , duraa xiqqaatee kan duraan dhaabbatee salaatu, dhaabbatuu ,dadhabee ,taa`ee salaatee ,wanni dullumma`aatin ,takkaa dhukkubaatin duraa ir`attee, akkanatti namni gad deebi`a, haatayuu yoo karaa kanaan, dalagaan, mu`minaa duraa ir`-

atte, sawaabni dalagaa isaa duraan ir'atuu ,guutuu argata ,fakkeessa'aaf; yoo gaafa dardaraa dhaabbatee salaate ,eegasii dulloomee ,yookaa dhukkubsatee ,taa`ee salaate, dhaabbatuu dadhabee ,sawaabni salaata lamaanii ,Rabbi biratti wal qixaa, duraan ir`atu ,namni, dullumti ,yookaa dhukkubni, sawaaba dalagaa isaa duraa ir`isu ,nama isaa dardaraa, isaa fayyaa qabu,waan gaarii hin dalagini. tanaaf jecha Rabbiin akki je`e.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Warra ,dulloome ,takkaa dhukkubsate, kan san dura amanee waan gaarii dalaguu ture malee,

فَلَهُمْ أَجْرٌ غَيْرُ مَمْنُونٍ ٦

**6}***Isaan sawaaba addaan hin cinne kan hin ir`anneetu Rabbi bira isaanif jira jarri akkanaa kun inillee hin totorra'u nabi Muhammad nageeyni isarratti haa jiraatuu,akki je`an{namni dullumti waan duraan dalagu dalaguu isa hanqifte sawaabni dalagaa sanii isaaf deema} je`an, {ghayru mamnuun} jechuun ;hin muramne jechu'.

فَمَا يُكَذِّبُكَ بَعْدُ بِٱلدِّينِ ٧

**7}***Yaa nama Rabbitti kafare eega dandeytii isaa, waan inni uume hunda keessatti agartee, maalumatu amanuu si dhoowwee, Rabbii kee moromu`utti si geesse? Rabbii nama akka gaari`itti uumee eega dardarumma`aatii, dulloomsee , eega fayya`aatii ,dhukkubsachiisee, waan fedhe ,akka fedhe ,dalagu agartee , maalumaatu guyyaa qiyaama`aa khijibsiisu`utti si geesse {biddiin} jechuun; galata guyyaa boruuti jechu', kan eega qabri`ii kaafamanii ,gaafatamanii dhufu , mee maaltu guyyaan sun, ni dhufaa dhugo`oomsuu dhabu`utti, si geesse?.

أَلَيْسَ ٱللَّهُ بِأَحْكَمِ ٱلْحَٰكِمِينَ ٨

**8}***Si Rabbiin isa firdiin isaa firdii nama firdii godhu hundarra akkaan haqaatii mitii? eeyee hukmiin yookaa firdiin Rabbii firdii nama biraa hundarra caalti takkaa gaari`i jechu', namni murtii tolu nama gaarii dalageefii, nama waan hamtuu dalage wal hin qixxeessu, duuba mee Rabbiin, akkamiin guyyaa qiyaama`aa fidee, nama addunyaa tanarratti gaarii dalageefii, kan hamtuu dalage firdii godhee adda baasuu oolee, kan gaarii dalageefii kan hamtuu dalage, kan isa dhagayeefii,kan isa dhagayuu dide ,wal qixxeessa? wal hin qixxeessuu, namni hundi firii waan facaafatee, haammatu`uuf taa`a, nabiin akki je`e; {namni suuraa tana qara`ee fixe,{balaa wa ana kgalaa zhaalika minashaahidiin} haa je`uu je`an ma`naan isaa {akka Rabbiin irra caalaa nama haqaan firdii godhuu taye an warra ragaa bayurraayi}jechu.